




Gara Noorweey dhufuu

Chegar à Noruega


 Aamiina

 Julie Cornelia van Walsum

 Muhammed Berisso

 5


 Afan Oromo  / português 



Anii fi obbolloonni koo lamaan Muddee 2016 gara Noorweey dhufne. Noorweey keessatti akkuma Somaaliyaatti hoo'a jenne waan yaanneef uffata ganna uffannee turre. Haata'u malee, buufata xiyyaaraa yommuu geenyu, qorri bu'aa ture. Qorrinee turre akkasumas qilleensi ni qorra ture. Boorsaa muraasa fidne ta'us, uffata gannaa qofa of keessaa qabu turan.

. . .


Os meus dois irmãos e eu chegámos à Noruega em dezembro de 2016. Estávamos a usar roupas de verão porque pensávamos que estaria tão quente na Noruega como na Somália. Contudo, quando chegámos ao aeroporto, estava a nevar. Tínhamos frio e o tempo estava gelado. Apesar de termos trazido algumas malas, só tínhamos roupas de verão lá dentro.



Qorra ta'us, gara Noorweey yommuu dhufnu baay'een gammade. Dhumarratti haadha koo ishee waggaa jahaaf hin argine deebisee wal arge. Haati koo fi hiriyyoonni ishee lama nu qunnaman. Yeroo ishee arginu gammachuudhaan boonne. Konkolaataa keenyaan gara magaalaa xinnoo haarmeen jiraattutti deemne.

. . .


Apesar de estar frio, eu fiquei muito feliz quando cheguei à Noruega. Finalmente iria reencontrar a minha mamã, que não via há seis anos. A minha mamã e dois dos seus amigos foram ter connosco. Quando a vimos, chorámos de alegria. Fomos de carro até à pequena cidade onde a minha mamã vive.



Guyyoonni jalqabaa magaala Harmeen keessatti jiraattuu baayyee kan hin baramne turan. Qabbanaa fi qorri waan tureef waan baay'ee arguu hin dandeenne. Daandiiwwan guutummaatti duwwaa turan. Namoonni muraasni ani wal arge qorraa fi michuu hin qabne natti fakkaatu turan. Somaaliyaa keessatti bakka hundatti namoonni waan jiraniif, asitti wanti hundi akka hin baramne natti dhaga'ame. Haati koo fi hiriyyoonni ishee kennaa tokko tokko nuuf kennanii, achiis uffata qorraa bitachuuf nu fudhattee deemte.

. . .


Os primeiros dias na cidade da mamã foram muito estranhos. Estava frio e a nevar e não havia muito para ver. As ruas estavam completamente vazias. As poucas pessoas que conheci pareciam frias e pouco amigáveis. Na Somália havia pessoas em todo o lado, por isso tudo aqui parecia estranho. A minha mamã e os seus amigos deram-nos alguns presentes e depois ela levou-nos a comprar roupas de inverno.



Ayyaana ayyaana masqalaa booda koorsii afaan Noorweey wiirtuu barnoota ga'eessotaa keessatti kennamutti makame. Mana barumsaa idilee tokko jalqabuu koo dura waggaa lamaaf achitti baradhe. Amma waggaa dhumaa irra jira, michoota haaraa hedduu horadheera. Namaan walii galuu fi namoota biroo wajjin wal arguun baay'ee na gammachiisa.

. . .


Depois das férias de Natal, participei num curso de norueguês no centro de educação para adultos. Estudei lá durante dois anos antes de começar numa escola normal. Agora estou no meu último ano e fiz muitos amigos novos. Sou muito sociável e gosto de conhecer outras pessoas.



Barnoota booda gara giddugala tola ooltotaan
geggeeffamu dhaqee hojii manaa koo irratti gargaarsa
argadha. Giddugalichatti koorsii huccuu hodhuus itti
makameera.

. . .


Depois das aulas vou a um centro dirigido por voluntários
onde me ajudam com os meus trabalhos de casa. Também
participei num curso de costura no centro.



Somaaliyaa keessatti mana barumsaa Qur’aana malee mana barumsaa dhaqee ykn koorsii tokkollee fudhee hin beeku. Akkamitti akka dubbisuu fi barreessu hin beeku ture. Amma akkaataa itti barreessan afaan Somaalee fi Noorweey tiin baradheera, akkasumas gosoota barnootaa biroo hedduu baradheera. Barnoota malee nama akkan hin taane natti dhaga’ame. Amma beekumsaa fi gammachuun natti dhagahama.

. . .

Na Somália, nunca fui à escola nem fiz nenhum curso, exceto a Escola do Alcorão. Não sabia ler nem escrever. Agora aprendi a escrever tanto em somali, como em norueguês, e muitas outras disciplinas. Sem estudos, sentia que não era ninguém. Agora sinto-me uma pessoa com conhecimento e feliz.



Bara dhufu kutaa fayyaa fi misooma dargaggoota keessatti barnoota sadarkaa lammaffaa nan eegala. Gara fuulduraatti hojjetaa dargaggoo ta'uu barbaada. Yeroon barnoota koo xumuru abjuun koo hojii dhaabbataa argachuudha. Akkasumas akkaataa konkolaataa itti oofamu barachuu fi hayyama konkolaachisummaa koo argachuu barbaada.

. . .

No próximo ano, vou começar o ensino secundário na área de saúde e desenvolvimento de jovens. No futuro, quero tornar-me uma profissional que trabalha com jovens. Quando terminar a minha formação, o meu sonho é conseguir um emprego permanente. Também quero aprender a conduzir e tirar a carta de condução.



Osoon Somaaliyaa keessa turee silaa ammatti haadha ta'ee natti fakkaata. Tarii duraanuu ijoollee hedduu qaba ture. Osoo Somaaliyaa keessa jiraadhee carraa amma argadhe hin argadhu ture. Noorweey keessa jiraachuun koo carraa akka ta'e natti dhagahama.

. . .

Se eu tivesse ficado na Somália, penso que já teria sido mãe. Talvez já tivesse tido muitos filhos. Se eu tivesse ficado na Somália, não teria tido as mesmas oportunidades que tenho tido agora. Sinto-me sortuda por viver na Noruega.



LIDA Stories

lidastories.net

Gara Noorweey dhufuu

Chegar à Noruega

 Aamiina

 Julie Cornelia van Walsum

 Muhammed Berisso (om), Susana Coimbra (pt)

